



Waraqaa gorsa namoota gaafi baqatumaa dhiyeesenif waa' e dhukkuba Hepaatiitis B ilaalchisee

yerro qaamni keesan faya ta'uu ilaalamtan sana, qorannoon dhukkuba Hepaatiitis B godhamee ture. Bu'aan qorannoos dhiignii keessan mallattoo dhukkuba Hepaatiitis B akka qabu waan shakkisiisu agarsiise ture. Bu'aan kunis bulchiinsa faya naannoo kessanif ni himamaa, akkasumas akka seera baqatumaa biyyaa kana (lakkofsa 62) tti bu'aan qorannoo kanaa, bulchiinsa iddo isin itti ramadamanifi, bulchiinsa biyyaa Jarmanii dhima baqatumaa ilaaluf ni beksiifama.

Shakki bu'aa qorannoo kanaa siritti hubachuuf, tiruun keessan meeshaa Altraasonik jadhamun ilaalamu qaba, dhignii keessanis irra deebi'e caalaatti ilaalamu qaba. Sana booda duwaa dhaa akka gargaaramuu dandeessaniifi, akkamittin akka gargaaramtan murtesun kan danda'amu. Kanaaf hatattmaan Ogeessa fayaa naannoo itti ramadamtanii bira dhaqaatti ilaalamaa. Yoo kana hin feetan t'ae, Ogeessa fayaa isin filatan bira demu dandesesu. Waraqaa Oggeessa fayyaatti agarsiiftan, bulchiinsa naannoo keessan irraa (soshaal amtti) ykn bulchiinsa magaala irraa argatu.

Dhukkuba Hepaatiitis B:

Hepaatiitis B'n dhukkuba tiru, vaayrasiidhaan kan nama tokkorraa nama biraatti darbudhaa. Dhukkubni kunis sadarkaa adda addaaatin mul'ataa. Yerro baayee nama dhukkuba kana qabu, malattoon irratti mul'tan dhukkbbii garaa, fedhi nyaataa dhabu, garaa cininnaafi balaqqamaa, humna dhabsisuu, dhukkuba tiru (ija keello, qaama fi furri, ykn anccufa keello godhaa). Nama tokko tokko irrattii garuu osso dhukkuba kana qabaataniyuu, mallattoo tokkoyyu hin agarsisu. Dhukkubsatoota dhibarrraa harka kudhan foyee argachuurraa, dhukkbni itti haamaatee tirun isaani madaa'u danda'a. Kanarraa kan ka'ees tirun baayyee midhama. Darbes tirun godaanisa godhatee walitti shuntura (Zirrhose): Nama tokko tokko irratti baayyee haammaatee Kaansarii tiru (hepatozellüäres Karzinom) itti ta'a.

Karaa itti darbu:

vaayirasiin dhukkuba Hepaatiitis B. Nama tokkorraa nama biraatti darbu kan danda'u yeroo baayyee dhiigaan, qunnamtii saalan yoo ta'u derbe derbes dhangala'aa dhagna kessa ba'an irratti.

Qunnamtii saalan: Dhukkubni Hepaatiitis B kun yeroo baayyee karaa kanaan nama tokkorraa nama biraatti darba. Isa kana Kondomii fayadamudhaan ofiraa ittuun ni danda'ama.

Dhiiga vaayrasii Hepaatiitis B qabu wallii dhufuun: Fakeenyaaf dhiiga nama midhame tuqu, lilmo tokkoon wal wajin waraanamu (fakeenyaaf yommu dawaan seeraan malee fudhachu), qaraa qensa itti muran, qaraa areedaa itti haadatan, meeshaa riffeensa itti sirreenfatanifi akkasumas bruushi ilkaani.

Dhukkuba yeroo dawumsaarratti: Dubartin ulfa taatee dhukkuba Hepaatiitis qabdu, yeroo baayyee dawmsaaratti mucaa ishetti dabarsiti.

Tuma tumachuudhaan, akupunkturifi gurra urachuu: Yommu seera maleequlqulinaan hin taasifamne taannaan, dhukkubni Hepaatiitis B karaa kanaanis nama tokkorraa nama biraatii darbu danda'aa.

Karaa gargaarsa:

Akkamitii isin dhukkuba kanaraa fayudhaaf gargaarsa isin barbaachisu barun kan danda'amu, qorannoo gubaatti ibsame san irratti hundefamee waan ta'efi, Ogeessa ykn Ogeetti fayyaa keessan isinif ibsu.

Dhukkubnii namoota biraatti akka hindarbinee akkamitti offegganaa:

- Namoota naannoo keessan wajjin qunamtti guya guyaatti gottanirratti (haarka Walfuudhuu ykn walitti haasa'uudhaan) dhukkubni kun nama tokkorraa nama Biraatti waatokoyu hin darbu.
- Namootnii isin wajjin qunamtti qaban yommu dhiiga ykn dhangala'aa qaama keessan keessa ba'u ni tuqu taanaan (yoo midhamtanii gargaarsa isiniif keenaa jiran) ufata haarkaaykn Guwaantii akka godhatan dursaatii itti himaa.
- Haadha warra, Abbawarra ykn hiriya jaalala keesssanitti dhukkuba Hepaatiitis B'n akka qabamtan shakamamu isaa itti himaa.
- Yommu qunamtti saala raawatan Kondommi fayyadamaa.
- Maati keesssanifil namoota isin wajjin jiraatan hundumtuu talaallii dhukkuba Hepaatiitis B egumsaaf qophaayee fudhachu qabu.
- Dhukkuba Hepaatiitis B qabamnaan, dhiiga namaaf keenun dhowaa dha!
- Dubarton ulfa ta'annifi dhukkuba Hepaatiitis B qabaman ijoolleen isaani yaruma dhalatan sana talaallii dhukkuba Hepaatiitis B egumsaaf qophaayee fudhanaan, dhukkuba dhalotarratti ga'u danda'u haanbisuun ni danda'aamaa.
- Ogeessa ykn Ogeetti fayyaa isin yaalu, akkasumas Ogeessa ykn Ogeetti ilkaani keessanitti akka dhukkuba Hepaatiitis B qabamtan itti himaa.
- Dukkubni kuun isinitti hamaataa yoo deemee, dafaatti Ogeessa yaala naannoo keessan qunammatti dhukkubsata Hepaatiitis B akka taatan itti himaa.

Bulchiinsi equmsa fayyaa naannoo keessani qaaritti isin gorsaa

- Bayerisches Landesamt für Gesundheit und Lebensmittelsicherheit (LGL) gajalla www.lgl.bayern.de, assitti http://www.lgl.bayern.de/gesundheit/infektionsschutz/asylbewerber_gesundheit/index.htm (Afaan Jarmanii duwaa dhaan kan argamu).
- Robert Koch-Institut gajalla www.rki.de assitti <http://www.rki.de/asylsuchende> (Afaan Jarmanii duwaa dhaan kan argamu)
- Bundeszentrale für gesundheitliche Aufklärung gajalla <http://www.bzga.de> assitti <http://www.infodienst.bzga.de/?id=Seite3233>. <http://www.infektionsschutz.de/erregersteckbriefe/> (Afaan Jarmanii, Inglizi, Arabaa, Turkii Faransaayifi Raashiyaatin kan argamu).
- Centers for Disease Control and Prevention (CDC) gajalla <http://www.cdc.gov/vaccines/vpd-vac/hepb/default.htm> (Afaaan Inglizifi afaan Spain duwaa dhaan kan argamu).
- World Health Organization (WHO) gajalla <http://www.euro.who.int/en/health-topics/communicable-diseases/hepatitis> (Afaan Inglizi duwaa dhaan kan argamu).